Muslimni qabrii keessatti yeroo gaafatame, Rabbiin malee gabbaramaan haqaa akka hin jirree fi Muhammad Ergamaa Rabbii ta’uu ragaa ba’a

Al-Baraa bin Aazib irraa odeeffamee, Rabbiin irraa haa jaallatu, Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu- akkana jedhan: «Muslimni qabrii keessatti yeroo gaafatame, Rabbiin malee gabbaramaan haqaa akka hin jirree fi Muhammad Ergamaa Rabbii ta’uu ragaa ba’a», Kun jecha Rabbiiti: {Rabbiin warra amanan jecha jabaadhaan jireenya duuniyaa fi aakhiraa keessatti raggaasisa} [suuraa Ibraahim: 27].

[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Mu’uminni qabrii keessatti ni gaafatama, Malaaykonni lamaan akkas gochuuf ramadaman, isaan lamaan immoo akkuma Hadiisa hedduu keessatti dhufetti Munkarii fi Nakiiri, isa ni gaafatan, Rabbiin malee haqaan gabbaramaan akka hin jirree fi Muhammad Ergamaa Rabbii akka ta’an ragaa baha. Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhan: Kuni jecha ragga'aa ta'e kan Rabbiin isa ilaalchisee akkana jedhe sani: {Rabbiin warra amanan jecha jabaadhaan jireenya duuniyaa fi aakhiraa keessatti raggaasisa} [suuraa Ibraahim: 27].

http://sunnah.global/hadeeth/om/show/4206